**Oddu Uumama**

1 1 Gaafa qaraa fiit'e, Waaqi lafafi gubba uume
2 Gaafasi lafti duwa, fuula inqabdu, aka injirtu, ammalle dukanti d'immu bisaani gubba jirti, Irreen Waaqa guddooni bisaan gubbaa debeemti. 3 Jennaan Waaqi waan jed'e, Ifsaan ha tahu; duuba ifsaan tahe. 4 Waaqi aka ifsaan sun dansa arge, ifsafi dukana gargari baase. 5 Jennaan Waaqi ifsaan guyya jed'e, dukanaan halkan jed'e. Akanaani galgali tahe diiramileen tahe; kunini guyya qara.

6-7 Jennaan Waaqi waan jed'e, Wonti bisaani fulla lamati gargari baasa ha taatu. Duuba Waaqi waan sun mid'aase, akanaan bisaani waan sun gubbaa jirafi ka jala jirale gargari baase; duuba akuma suni taate. 8 Waaqi waan bisaan gargari baasa suniin Gubba jed'e. Akanaan galgali tahe diramileen tahe; kunini guyya lameeso.

9 Jennaan Waaqi waan jed'e, Bisaan lafa gubbaa jirani ha fulla tokoti wolti deebiani, aka biyyeen godduun mullattu; duuba akuma suni taate. 10 Waaqi biyye goddu suniin Lafa jed'e, ammalle bisaan wolti deebiani suniin Baarini jed'e; Waaqi wonti kunini dansa arge. 11 Waaqi waan jed'e, Lafti latte ha mukhafi marra gosa chufa baaftu — mukha mid'aan kiletiifi michiraan qabufi ka inqamnele — duuba akuma sun taate. 12 Duuba lafti latte mukhafi marra gosa chufa, ka mid'aan killetiifi ka michiraan qabufi ka inqamnele baafte. Waaqi wonti kunini dansa arge. 13 Akanaan galgali tahe diiramileen tahe; kunini guyya sadeeso.

14 Jennaan Waaqi waan jed'e, Ifsaan ha gubbaa mullatu, aka halkanifi guyya gargari beekhani. Ammalle ifsaan kuni ha ayyaana jilatiifi wogatiifi guyya garsiisu. 15 Ammalle ifsaàn suni ha gubbaa ifsu, aka lafti ifsa argattu jed'e. Duuba akuma sun taate. 16 Akanaan Waaqi ifsa gugurdda lama tolce, adu ta guyya mohattu, jia ka halkan mohatu; ammalle urjile mid'aase. 17 Inni ifsa suni gubbaa kaye, aka lafati ifse 18 halkanifi guyya mohate ifsafi dukana gargari baasu. Waaqi wonti

namici horifi simpirrefi bineensa ala chufa maqa baasefi; ammo wahelli isaa male keesaa d'abe.

21 Jennaan AABBO Waaqi aka jaba isa rafise, duuba ato inni rafu, chinaaca isaa toko keesaa fuud'e, fulla suni akuma duriti deebise. 22 Duuba chinaaca keesaa fuud'ani kaani nama uwa tolce namicatiin d'ufe. 23 Jennaan namici waan jed'e.

Eegi ufi jibbaad'e, lafe lafe tiyya keesaa baate,
Yokhaan fooni foon kiyya keesaa bahe ya argad'e;
Uwa isiin jed'ani waan isiini d'iira keesaa baateef.

24 Tanaafi d'iirti abaafi haad'a ufii lakifte niiti ufitiin takka taati, worri lamaani nafa takkaa taha. 25 Namicafi nitiin qulla yaani, ammo gaafasi waan cheera imbeekhani.

**Wollaala Namaa**

3 1 Duuba bineensa AABBO Waaqi uume chufa kee bofati ira maltica. Waan inni niitiin jed'e, Ila, d'uguma Waaqi, Mukha oobru tana keesa jiru tokkole innyaatiina issaaniin jed'e? 2 Niitiin taani waan jeteeni, Mid'aan mukha oobru tana keesa jiru kam feenu nyaanna, ammo 3 Waaqi waan nuun jed'e, Mid'aan mukha wod'aka oobru keesa eju innyaatiina, yokhaan inqabatiina, yo nyaattani indootani jed'e. 4 Ammo bofi waan niitiin jed'e, Laki, akasiniti, indootani. 5 Waaqi imbeekha, aka guyya isaani nyaattani, ilti teesani banamte, Waaqa taatani, waan hamtufi dansa gargari beetani.

6 Duuba niitiin aka mid'ani mukha suni nyaata dansatiifi ilaa midaago agarte, ammalle aka isaani hubaca namaa kennani d'ageennaani buqifte nyatte d'iirsale kennite innileen nyaate. 7 Duuba worri lacu ilti banamte, aka qulla yaani ufi argani, obeensa odaa wolti qabani qullaan d'ofatani.

8 Galgala suni AABBO Waaqa oobru keesa deemu d'agayani jennaani d'iirsafi niitiin isaa mukha duubati

kunini dansa arge. 19 Akanaan galgali tahe diiramileen tahe; kunini guyya afreeso.

20 Jennaan Waaqi waan jed'e, Bisaan waan lubbu qaba heddu ha d'alani; simpirreleen ha gubbaa qilleensa keesa bariftu. 21 Akanaan Waaqi bineensa gugurddafi didiqa ka bisaan keesa galu, simpirre gosa chufale woliin uume. Waaqi wonti kunini dansa arge. 22 Waaqi waan kana chufa eebise waan jed'e, Hora bula, baariini guuta; simpirreleeni, Hora, lafa ira dabra jed'e. 23 Akanaan galgali tahe diiramileen tahe; kunini guyya shaneeso.

24 Jennaan Waaqi waan jed'e, Horifi bineensi gosa chufa, guddafi diqaleeni, lafa gubbaati ha d'alatu. Loonifi bineensa lafa ira lohufi bineensa gosa chufa hedduleeni ha d'alatu; duuba akuma sun taate. 25 Akanaan Waaqi bineensa gosa chufa, ka lafa ira lohufi ka illoonnefi ammalle horile chufa, woliin uume. Waaqi wonti kunini dansa arge.

26 Jennaan Waaqi waan jed'e, Koota, nama mid'aasina fakeenafi akheekha keena gula, aka inni qurtumi baariinitiifi waan gubba barisa chufafi horifi bineensa alatiifi waan garaan lafa ira lohu chufale mohatu. 27 Akanaan Waaqi fakeenna ufii gula nama uume. Inni nama uwafi nama d'iira uume 28 eebisefi waan jed'eeni, Ilmaan hora, lafa guuta fida, ammalle qurtumi baariinitiifi waan gubbaa barisatiifi waan lubbu qaba ka deemu chufa mohad'a. 29 Jennaan Waaqi waan jed'e, Anini mukha mid'aan killetiifi ka michiraan qabufi ka inqamnele chufa ya issanii kenne, nyaad'a quufa. 30 Ammo bineensa miilaan lafa ira yaufi ka gubbaa barisufi ka lafa ira lohuleen, ka lubbu qabu chufti. ha marraan fidamu; duuba akuma sun taate. 31 Waaqi wonti inni mid'aase chufti guddo dansa arge. Galgali tahe diramileen tahe; kunini guyya jaeeso.

2 1 Akanaan uumami lafafi gubba chufumanu qit'ae. 2 Guyya torbeeso Waaqi huji ufii chufa hobaa-mnaani boqote. 3 Duuba Waaqi guyya torbeeso eebise

guyya jaba tolce; wonti akanatiifi Waaqi gaafasi huji uumama chufa hobaase boqote. 4 Uumama lafafi gubba akasiin tahe.

**Oobru Edeni**

Gaafa AABBO Waaqi lafafi gubba uume, 5 lafti marrafi gurbile inqabdu, yokhaan mid'aan tokoleen imbaanne; wonti akanatiifi AABBO Waaqi taka iti irroomne, nami lafa qotuleen injiru. 6 Ammo hojja chufa lafti oldabante, dabaani fulla chufa gahe lafa chufa jiise.

7 Jennaan AABBO Waaqi biyye lafa iraa fuud'e nama tolce, hafura jireennaa funaaniti afuufe, nami suni sunumaan jiraate lubbu argate. 8 Jennaan AABBO Waaqi lafa Edeni ta ila boru jirtu keesati oobru fachaase, nama mid'aase suni keesa kaye. 9 Inni mukeeni guddo ilti namaa jaalattu, ta mid'aan isii guddo sagale dansaa oobru sun keesati baase; ammalle wod'aka oobru sun keesati mukha jireennatiifi mukha waan dansafi hamtu chufa nama hubaciisu baase.

10 Galaani tokko lafa Edeni keesaa bahe oobruti yae, aci keesati d'anqu afuri gargari bahe galaana afuri tahe. 11 Maqaan galaan qara Pishoni, inni ka lafa Habila, ta worqi qabdu, maru. (12 Worqiin lafa suni qulqullo, ammalle qumbifi d'akha diima chulqicati lafa suni jira.) 13 Galaani lameeso maqaan Gihoni, inni ka lafa Kushi maru. 14 Galaani sadeeso maqaan Tigris, inni ka lafa Ashuru ila boru yau; ka afreeso maqaan Frati.

15 Jennaa AABBO Waaqi nama kaani fuud'e oobru Edeni keesa kaye, aka inni qote jabeesu. 16 Ammalle waan jed'eeni, Mid'aan oobru tana ke jira chufa nyaad'i, 17 ammo mid'aan mukha waan dansafi hamtu chufa gargari nama hubaciisu innyaatiin, yo nyatte guyyuma sun doota. 18 Jennaan AABBO Waaqi waan jed'e, Nami kunini ka koba tau dansaniti, wahela isaa male tolcaaf. 19 Duuba inni biyye lafaa fuud'e bineensafi simpirre gosa chufa mid'aase namicatiin d'ufe, aka maqa inni baasufi laalu; tana gula bineensi chufti maqa argate. 20 Duuba

d'okhatani. 9 Ammo AABBO Waaqi namica yaame, Atini eesa jirta? jed'e gaafate. 10 Inni waan jed'e, Anini ejata kanke oobru keesati d'agaye, aka qulla deemu ufi arge, duuba sodaad'e d'okhad'e. 11 Inni waan jed'eeni, Eenuti, Qulla deemta siin jed'e? Atini mid'aan anini Innyaatiina isaaniini jed' kaani ya nyatte? 12 Namici waan jed'eeni, Niituma atini wahella na kennite taaniti natiin d'ufe na nyacise. 13 AABBO Waaqi waan niitiin jed'e, Wonti atin taate kunini maal? Niitiin waan jetteeni, Bofati na sobe jennaan nyaad'e.

**Aka Waaqi wollala worrati mure**

14 Jennaan AABBO Waaqi waan bofaan jed'e, Waan atini akana taateefi, anini la si abaare atini horifi bineensa ala chufa iraa gorte garaan lafa ira loote haga jirtu chufa biyye nyatta. 15 Anini siifi niiti tana nyaapa wolti tolce, d'alooti keesanileen woli jibba. D'alooti isii mate si charaase, atileen hirba worra nyaatta.

16 Ammalle waan inni niitiin jed'e, Hojja atini garacooftu d'iba siti guddise, hojja atini d'altule chiniinfatte d'ukubsatta; ammo ha taatuuti, d'iirsa kanke guddo jaalatte d'araateefi, innileen si mohata. 17 Ammalle waan namicaan jed'e, Waan atini qonqo niiti teeti chaqafte, mid'aan mukha anini Innyaatiin siin jed'e nyaatteefi, lafafi biyyeen siifi abaaramti; iti gaargaltu male sagale keesa innyaatu, haga jireenna keeti chufa. 18 Isiin hogorafi qorrati siti baafti, atileen raafu nyatta. 19 Hojatte damfitu male, sagale innyaattu, haga biyye keesaa baateti deebituuti; atini qara biyye, biyyuma suniti deebita.

20 Namici niiti maqa Hawai baase, waan isiin haad'a nama chufa taateef. 21 AABBO Waaqi namica Adamu jed'anifi niiti isaa goga bineensaa fuud'e gaad'a mid'aaseefi uyiseef.

**Aka Adamufi Hawai oobru keesaa gussani**

22 Jennaan AABBO Waaqi waan jed'e, Namici kunini ya akuma keena tahe waan hamtufi dansa gargari

hubate. Tanaafi inni ammatana harka d'eerefate mid'aan mukha jireenaa buqise nyaate haga jiru jireenna jiraacuun himmaalle. 23 Tanaafi AABBO Waaqi oobru Edeni keesaa gusse biyye isa iraa mid'aasani qotachiise. 24 Inni namica oobru keesaa had'e balleese jenaani, oobru Edeni keesa, gama ila boru, waan lubbu qaba, ka aka malaikatiifi aflameedi bibillit'u ta gara chufa martu kaye, aka akasiin wonti sunini kara mukha jireennati deemu nama iraa eeddu.

A new translation of Genesis in
Boran Oromo published as "Kitaaba Uumama"
by the Bible Society of Kenya
P.O. Box 72983, Nairobi, Kenya.

© United Bible Societies, 1985
UBS Code Numbers
560 3m 1985

Printed by Afropress Ltd., Lusaka Close, off Lusaka Road, P.O. Box 30502, Nairobi, Kenya